# Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga {bismillaahi al-rrahmani al-rrahiim} jechuun isaan irratti buufamutti qooddaa suuraa hin beekan turani

Ibnu Abbaas irraa akka odeeffametti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga {bismillaahi al-rrahmani al-rrahiim} jechuun isaan irratti buufamutti qooddaa suuraa hin beekan turani.
[sirrii] [abuu daawud odeesse]

ibnu abbaas -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- suuraawwan qur'aanaa akkasumaan nabiyyii irratti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka bu'aa turtee fi akkasuma qooddaa isiitii fi xumura isii illee akka isaan hin beekne ibse, akkasumas booda "bismilaahi al-rrahmaan al-rrahiim" jechuun isaan irratti buufamtee jennaan suuraan darbite xumuramuu isii fi bismillaan immoo suuraa haarawaaf jalqabbii ta'uu isii isiidhaan akka adda baafatan ibse.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65051